Biiroo Barnota Oromiyaa

Kolleejjii Barnoota Barsiisota Adoolaa

Yaadannoo fi Gaaffilee Shaakalaa barnoota Seenaa Afrikaa Bara Kolonummaafi Kolonummaa Boodaa (HiEd-222)

Qopheessaan: Tasfaayee Eebbaa

Ebla , 2012

Adoolaa

Seensa

Bara barnotaa 2012 kanattii sababa dhukkuba "COVID-19" irraa kan ka'e addunyaa hunda rakkoo ammaataan gama dinagdee, siyaasaa, hawaasummaa tiin mudatee jira. Biyya keenya Itoophiyaas rakkoo hedduun mudatee jira. Kana keessaa tokko rakkoo gama kenniinsa barnootaatiin jiru kaasuun ni danda'ama. Rakkoo kana furuudhaafis qamman dhimmi ilaalatu hundii rakkoo kana furuuf furmaata laachaa akka jiran beekamaadha. Biiroon Barnoota Oromiyaas rakkoo kanaaf furmaata isa irraa eegamuu ciminaan kennaa jira. Tooftaalee furmaataa kanneen ta'an keessaa ijoon; barnoota sagantaa raadiyoon tamsaasuu, weebsaayitiidhaan barnoota baratootaan gahuufi gaaffilee fi yaadannoo gaggabaaboo toora interneetiin barattootaaf raabsuudha.

Kanaafuu, nutis hirmaattota furtuu rakkoo kanaa ta'uuf jecha yaadannoo fi gaaffilee ijoo gosa koorsii **Seenaa Afrikaa Bara Kolonummaafi Kolonummaa Booda (HiEd-222)** leenjifamtoota qormaataaf qopheessuu danda'an qopheessinee gara BBO tti erginee jirra. Leenjifamtoonnis yaadannoo gaggabaaboo kana moojula harka isaanii jiru waliin erga walsimsiisanii dubbisanii booda gara gaaffii shgaakalaatti darbuun gaaffilee ni hojjetu. Xumura gaaffilee kanattii deebiin waan bahee jiruuf ituu gara deebii hin ilaalin ofiif akka shaakalan gorsina.

Ibsa Koorsichaa.

Koorsiin kun **Seenaa Afrikaa Bara Kolonummaafi Kolonummaa Booda (HiEd-222)** yemmuu ta'u; qabiyyeewwaan hariiroo Afrikaan Awurooppanoota waliin qabdu (Poorchagaal fi Ottoman Turkii), sochii abuurtotaafi misiyoonotaa, daldala qaxxaamura Garba Atlaantikii, sochii (qabsoo) farra-Kolonummaa, wal-gahii Barliin, sochii Paan-Afrikaaniziimii, Afrikaa fi waraana ololaa, Dhaabbilee Afrikaafi dhuma irrattis rakkoolee Afrikaa keessatti bilisummaan booda mul'atan keessatti bal'inan ka'amani jiru.

Kaayyoo Koorsichaa

Xumura Koorsii kanaatti Barattoonni:

- Sochii Misiyoononni fi Abuurtonni Awurooppaa Afrikaa keessatti gochaa turan ni ibsu.
- Imaammata kolonii Awurooppaanonni Afrikaa keessatti hojiirra oolchaa turan ni addeessu.
- Bu'aa hojiin Misiyoonotaa fi Abuurtotaa koloneeffattoota Awurooppaa tiif argamsiise ni ibsu.
- Qabsoo ittisa sadarkaa tokkoffaa fi qabsoo bilisummaa sadarkaa lammaffaa kan ummatoonni Afrikaa koloneeffattoota Awurooppaa irratti geggeessan ni dinqisiifatu.
- Haala siyaasa,dinagdee fi hawaasummaa Afrikaa kan bara kolonii fi koloniin booda ture ni madaalu.
- Yaada "Niyookoloniyaaliizimii" jedhu fi rakkoolee sirna koloniin booda Afrikaanota mudate ni hubatu.
- Sochii bilisummaa biyyoolessaa Afrikaanotaafi sochii kanaaf dhimmoota haala mijeessan ni hubatu.
- Dhiibbaa waraani addunyaa tokkoffaa fi lammaffaa Afrikaa irraan gahe ni beeku.

Baafata

BOQONNAA TOKKO 1
1.1 Sochii Misiyoonotaafi Abuurtota Awurooppaa Afrikaa keessatti 1
1.2. Sochii Abuurrtota Awurooppaa: ……..……2
1.3. Sababoota biyyoota Awurooppaa giddutti walmorkii kolonii uuman 3
1.4. Walgayii Barliin(1884-1885) 3
1.5. Dhimmoota Koloneeffatootaaf Haala Mijeessan 4
1.6. Koloneeffattootaaf deebii Afriikaanotni laatan 4
1.7. Imaammata Koloneeffattootaa 5
BOQONNAA LAMA 5
2.1 Paan-Afrikaanizimii 5
2.2. Jalqabbii Sabbonummaa Afrikaanummaa 6
2.3. Faccee Ittisa Sirna Kolonummaa Afrikaanota isa Lamaaffaa (1919-1939) 7
2.4. Sochii Bilisummaa Biyyooleessaa Afrikaanotaaf Dhimmoota Haala Mijeessan 8
2.5. Afrikaa fi Waraana Addunyaa Lamaan 8
2.6.1. Afrikaa fi Waraana Addunyaa Tokkoffaa 8
2.6.2. Afrikaa fi Waraana Addunyaa lammaffaa 9
2.7. Bilisummaa Argachuu Biyyoota Afrikaa 9
BOQONNAA SADII 12
3.1. Seenaa Afriikaa Bara Bilisumaa Booda 12
3.2. Dhaabbilee adda addaa Sadarkaa Naannoo fi Ardii Afrikaatti 12
3.2.1. Hundeeffama Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa 12
3.2.2 Hundeeffama Dhaabbilee Sadarkaa Naannootti 12
3.2.3 Jeequmsa Koongoo 13
3.3. Sirna Appaartaayidii Afrikaa Kibbaa Keessatti 13
3.2. Dhaabbani Tokkummaa Afrikaa Gara Gamataa Afrikaa (AU) tti Jijjiramu 15
Gaaffiilee shaakalaa 16

BOQONNAA TOKKO

Jalqabbii Koloniyaalizimii Afrikaa Keessatti
Barannoo Kana Booda leenjifamtoonni:

- Kaayyoo Misiyoonotaa fi Abuurtota Awurooppaa adda ni baasu;
- Kaayyoo yaa'ii Barliin adda ni baafatu;
- Haala adeemsa babal'ina kolonii Afrikaa keessa ture ni addeessu;
- Uummanni Afrikaa Misiyoonotaa, Abuurtota fi koloneffatoota jalqaba gara Afrikaa dhufan haala kamiin akka simatan ni ibsu;

1.1 Sochii Misiyoonotaafi Abuurtota Awurooppaa Afrikaa keessatti

Jalqaba jaarraa 19ffaatti dhaabbilewwan Awurooppaa hedduun misiyoonota Afrikaatti erganiiru. Dhaabbilee misiyoonota ergaa turan keessaa warreen beekamoon kanneen armaan gaditti

- Dhaabbata mana amantii Misiyoonota Angilikaan
- Dhaabbata Mishineerii Metodistii Wesiliyaan
- Dhaabbata Mishineerii Loondoon

Misiyoonota Afrikaa keessaa baay'ee beekamoo turan keesaa tokko **Saamu'eel Ajayi Kiraawuter** jedhamu dha. Namni kun phaaphaasii Lixa Afrikaa isa jalqabaa ta'uun naannoo Sulula Niijeer keessatti amantichaa babal'iseera.

- Keeppi Kolonii keessatti misiyoononni Awurooppaa fudhatama akka argatanuuf sababa kan ta'e ogummaa teeknikaa fi barreessuuti. Moota ummata Kibba Afrikaa keessa tokko kan ture kan **Moosheshewee** jedhamu misiyoonota Awurooppaa akka ogeessaa, gorsitootaa fi barreessitootaatti itti fayyadameera, haata'u malee, mootiin kun amantiin kiristaanaa aangoo siyaasaa amantii aadaa waliin gaggeeffamuu sodaachisaadha jedhe waan amanuuf mormaa ture.
- Mootii Sootosiwaanaa kan ture **Kahamaan,** amantii kiristaanaatti fayyadamuun aangoo siyaasaa isaa cimsachuu danda'eera

- Naannoo kibba Afrikaa keessatti misiyoononni Ingilizii mootummaan Botiswaanaa akka mootummaa Ingilizii deggersa gaafatu amansiisuun koloneefamuu biyya isaaniif haala mijeesaniiru.
- Bara 1888tti ergamaan dhaabbata Loondoon kan ta'e Luba Heelim, mootii **Nidebelee Loobengulaa** gowwoomsuun galmee hiika dogoggora qabu irratti akka mallatteessu gochuun lafa isaa dhaabbata daldalaa Ingiliziif dabarsee akka kennu taasifameera.

Misiyoononni Awurooppa irraa gara Afrikaa dhufan kaayyoo gurguddoo **lama** qabu ture.

1. Amantii kiristaanaa babaldhisuuf
2. Muraasni isaanii immo sirna kolonii Afrikaa keessatti akka jalqabuuf haala mijeessaan turan

1.2. Sochii Abuurrtota Awurooppaa: Abuurtonni Awurooppaa haala abburraa isaanii wajjin haala armaan gadiitti ilaali
Walumaagalatti, imaltoonni Awurooppaarraa bakka haaraa keessumaa waa'ee giddugaleessa

Maqaa Abuura	**Biyya Abuuraa**	**Bara Abuurraa**	**Firii Abuurraa**
Baartiloomiwoo Diyaaz	Poorchugaal	1488	Fiixee Afrikaa Kibbaa argate
Vaaskoo Da Gaamaa	Poorchugaal	1497-1499	Poorchugaalii ka'e karaa fiixee Afrikaa Kibbaatin Hindii gahee deebi'e
Jams Biruus	Iskootlaand	1769-1772	Madda laga Naayil gurraachaa qo'ate
Muungoo Paarki	Ingilizii	1795-1805	Laga Gaambiyaa abuuruun laga Niijeer gara olii gaheera
Huug Kilaappertoon	Ingilizii	1822	Gammoojjii Sahaaraa qaxxaamuree Afrikaa Dhihaa gaheera
Kiraapfii fi Reebmaan	Jarman	1849	Itiyoophiyaa fi tulluuwwan Keeniyaa fi Kilimaanjaroo qorataniiru
Riichaard Bartan fi Joon Ispeek	Ingilizii	1858	Madda laga Naayil argachuuf hanga Taangaanikaatti deemaniiru
Ispeekii fi Joon Giraant	Ingilizii	1862	Madda laga Naayil naannoo fincaa'a Hipponitti argachuun lagicha hordofaa hanga Suudaanitti deemaniiru
Deevid Liivingistoon	Ingilizii	1853-1873	Naannoo Zaambeezii, Haroo Niyaasaa fi qarqara laga Kongoo abuuraniiru
Heenerii Istaanlii	USA	1871-1890	Zaanzibaarii hanga laga Kongoo deemuun Liivingstoon barbaadee argate
Kaawunt Saavoorjinaan De Biraazaa	Faransaay	1875	Naanno laga Kongoo abuureera

Afrikaa qorachuuf dhufan kayyoo gurguddoo **lama** qabu ture. Isaanis

1. **Saayinsii fi beekamitii**
2. **Sirna kolonii Afrikaa keessatti akka jalqabamuuf haala mijeessaa turan**

Koloniii ilalchisee, walakeessa jaarraa 19^{ffaa} irratti keessatti koloneeffattoonni Awurooppaa lafa naannoo qarqara Afrikaatti argamu 10% qofa kan ta'u irratti daangeeffamani turan.

Yeroo kanattii haalli koloneeffattootaa fi kolonii akka armaan gadiitti dhiyaatee jira

Kolonii	Koloneeffattoota
Angoolaa, Moozaambiik,Giinii, Saa'oo-Toommee fi Pirinsippee	Poorchugaal
Afriiikaa kibbaa	Hoolaandi
Seeraa Liyoon, Faanteefi Leegos	Ingilizii
Zaanzibaar	Araboota
Seenegaali fi Aljeeriyaa	Faransaay

1.3. Sababoota biyyoota Awurooppaa giddutti walmorkii kolonii uuman

A.Warraaqsi warshaa biyyoota Awurooppaa keessatti dagaaguu

B. Sochii Misiyoononnifi Abuurtoonni Awurooppaa taasisan

C. Waa'een sabboonummaa biyyoota Awurooppaa keessatti babal'achuu.

D. Yaada hiddama Chaarlis Daarwiin (***Guddina saayinsii fi teekinooloojii biyyoot guddatanii Baballisuu)***

E. Awurooppaanonni Afrikaa keessa qabeenyi hinxuqamne jira jedhanii amanuu

1.4. Walgayii Barliin(1884-1885)

Hirmaattonni walgahichaa biyyoota 14 yammuu ta'an, kaayyoon ijoon walgahii kana:

- dhimmoota Walitti dhufeenyaa daldala biyyoota Afrikaa wajjin jiru,
- Lageen Afrikaa irra akka bilisaan yabaluun danda'amu irratti fi
- Afrikaa qabachuuf jecha walitti bu'iinsa biyyoota Awurooppaa gidduutti uumamuu danda'u akkamitti hambisuun danda'ama jedhu irratti (***kaayyoo dhokataa walga'ichaa).***

Akkaata qajeelfamoota irratti waliigalameetti biyyi Awurooppaa tokko Afrikaa keessaa kolonii qaba jechuuf ulaagaalee armaan gadii guuttachuu qabdi:

- Naannicha yoo sirritti bulchaa jiraate qofa kan jedhu

- Biyyi Awurooppaa tokko biyya Afrikaa wajjin taate akka isaaniin hinlolle qoqqobbii daldala meeshaa waraanaa ammayya irratti buusuu
- Sirna garbaa fi daldala garbaa irratti tarkaanfii fudhachuuf
- Koongoon qabeenya dhuunfaa mooticha Beeljiyeem (Liyooppoldi II) ta'uu fi mootichi
- Lageen Afrikaa gurguddoon yabalaaf biliisa akka ta'an murtaa'e.

Walgahiin Barliin ardii Afrikaa ciccirachuu irratti biyyoota Awurooppaa giddutti walitti bu'iinsi akka hin uumamne ittisuuf kan geggeeffame yoo ta'e iyyuu, bakkeewwan Afrikaa adda addaatti walitti bu'iinsi uumamuun isaa hin hafne. Fakkeenyaaf, bara 1898tti Ingilizii fi Faransaay Suudan qabachuuf sochii gaggeessan irratti bakka **Faashoodaa** jedhamutti walitti bu'aniiru.Walitti bu'iinsi kun sadarkaa lola dhiiga dhandalaasisuu osoo hin gahiin araaraan xumurame.

1.5. Dhimmoota Koloneeffatootaaf Haala Mijeessan

Awurooppaannonni lafa Afrikaa qircachuuf dhimmoota haala mijeessan keessaa Sababoonni ijoo ta'an kanneen armaan gadiiti:

I. Walitti bu'iinsa hooggantoota Afrikaa gidduu ture
II. Ol'aantummaa meeshaa waraanaa fi humna loltummaan argachuu Awurooppaanotaa
III. Awurooppaanonni teekinooloojii fi saayinsii haaraa kalaquun itti fayyadamuu

- **Bal'ina lafa Afrikaa koloneeffattootaan qabaman sadarkaan yammuu kaa'amu**
  - Faransaayi lafa kolonii baldhinni = 4,250,000 km^2
  - Ingiliziin immoo lafa baldhinni = 3,500,000 km^2
  - Jarman, Xaaliyaan, Beeljiyeemi fi Poorchgaal mataa mataadhaan lafa kolonii kan baldhinni isaa 1,000,000 km^2 ta'u yoo qabatan kan koloonii dhiphoo ta'e qabatte **Ispeen** turte.

1.6. Koloneeffattootaaf deebii Afriikaanotni laatan

Mormii Afrikaanonni Awurooppaanota irratti geggeessan sadarkaa **sadiin** ilaaluu ni danda'ama. Iaanis:

1.Faccee Afrikkaanota isa jalqabaa (hanga 1914),

2. Qabsoo walqixummaa argachuuf (waranota addunyaa lamaan jidduu)fi

3. Qabsoo bilisummaa biyyooleessaa (waraana Addunyaa lammaffaa booda).

1.7. Imaammata Koloneeffattootaa

Koloneeffattoonni yeroo Afriikaanota koloneeffatan imaammata siyaasaa, barnootaa, amantaa, dinagdee fi aadaa mataa isaanii afriikaanota irratti fe'aa turaniiru.

Fkn: Imaammata siyaasaa illachisee Bulchiinsa **al- kallattii** (**Ingiliz**), namicha **F. Lugaardii** jedhamuun hundaa'ee hojii irra yemmuu oolu, bulchiinsi **kallattii** jedhamu kan hojii irra oolchite **Faransaay** turte.

Leenjifamtootaa: Boqonnaa kana keessatti

- *Walitti dhufeenya Afriikaanotaa fi Awurooppaanotaa jaarraa 18ffaa irraa kaasee jiru;*
- *Sochii dhokataa misiyoonoyaa fi Abuurtootaa*
- *Tooftaa Awurooppaannonnii ittiin Afriikaa koloneeffachuuf seenan*
- *Kaayyoo gurgguddoo Awurooppaanotni Afriikaa koloneeffachuuf dhufan*
- *Abuurtotaaf bakkeewwan jarri Abuuran*
- *Walga'ii Barliinii fi Kaayyoo dhokataa Awurooppaanotaa*
- *Imaammata koloneeffattootaa fi dhiibbaa inni Afriikaanota irraan gahe*
- *Faccee Afriikaanotnni Koloneeffattoota ofirraa deebisuuf godhan akka hubattan ni abdadha*

BOQONNAA LAMA
Sochii Bilisummaa Biyyoolessaa Afrikaanotaa

Paan-Afrikaaniziim fi ka'umsa Sabboonummaa

2.1 Paan-Afrikaanizimii

Kaayyoo boqonnichaa

Leenjifamtoonni mata duree Kana erga xumuranii booda

- Hiika fi faayidaa paan Afriikaaniizimii adda Niyoo-koloniyaaliziimmi addaa baafatu;
- Eennyummaa qindeessitoota paan Afriikaanizimii ni ibsu;
- Tooftaa qasoo farra kolonummaa Afriikaanotaa ni tarreessu;
- Gootota qabsoo farra kolonummaa Afriikaa ni himu;

- Faccee Afriikaanotni kolonummaa irratti geggeessaa turan ni tarreessu;
- Bu'aa qabsoo farra kolonummaa ni himu.

Hiika paan Afriikaaniizimii

- Paan Afrikaanizimii jechuun **sochii uummata gurraachaa hundaa** jechudha.
- Kan inni eegale **ardii Ameriikaa** keessatti gurraachota Ameerikaa keessa jiraatan mirga uummata gurraachaaf qabsoo xumura jaarraa 18^{ffaa} eegalameedha.

  Addda durummaadhaan sochii Kana kanneen dursaa turan;
  - Maarkas Gaarvee
  - H. Siilvestar Wiiliyaam
  - Dr.Wiiliyaam Du Booyis

Yaa'iiwwan gurguddoon sochii paan Afriikaanizimii kan galmaan gahuuf geggeeffaman kanneen armaan gadiiti.

☞ Yaa'ii Paan-Afrikaanizimii 1^{ffaa} bara 1919 magaalaa **Paarisitti** geggeeffame

☞ Yaa'ii Paan- Afrikaanizimii 2^{ffaa} bara 1921 **Loondoon fi Biraaseels**.

☞ Yaa'ii Paan- Afrikaanizimii 3^{ffaa} bara 1923 **Loondoon fi Liisboon**.

☞ Yaa'ii Paan- Afrikaanizimii 4^{ffaa} bara 1927 **Niiwu Yoorki**.

☞ Yaa'ii Paan- Afrikaanizimii 5^{ffaaa} bara 1945 **Maancheestar/ kan Afriikaanotni yeroo jalqabaatiif irratti qooda fudhatan)**

2.2 Jalqabbii Sabbonummaa Afrikaanummaa

Haalawwaan Guddina Sabbonummaa Afrikaatiif Gumachaan

✓ Olaantummaa fi to'annoon alagaa miira sabbonummaa kakkasuu;

✓ Humnootni gurguddoo haaraan kan akka Ameerikaa fi Tokkummaa Sooviyeet Raashiyaa mulachuu isaanii;

✓ Fooyya'iinsa geejjibaa fi guddina magaaloota namootni hedduun bakka tokkotti argamanii; muxxannoo gidiraa akka wal jijjiraniif gumaachuu isaa;

✓ Kutannoo lammiileen Afrikaa bilisummaaf qabsaa'uuf agarsiisaan;

✓ Lakkoofsi namoota baratani dabaluu isaa;

✓ Dhiibbaa sirni kolonii Eeshiyaa keessatti caccabuu eegaluu;

- ✓ Tooftaan Mahatama Gaandii qabsoo karaa nageenyaa Kawumee Nikuramaan akka gocha gaariiti fudhatamu isaa.
    - ✓ Fakkeeenyummaa Laayiberia fi Itiyoophiyaas akka dhiibbaa gaaritti sabbonummaatiif gumachuu isaa;
    - ✓ Sochii Paa- Afrikaaniiziimii;
    - ✓ Hundeeffamuu paartilee siyaasaa sabbonummaa jajjabeseera;
    - ✓ Amantiinis gahee guddaa taphateera

2.3 Faccee Ittisa Sirna Kolonummaa Afrikaanota

Faccee Ittisa Sirna Kolonummaa Afrikaanota Isa Jalqaba

Faccee sadarkaa jalqabaa kanatti geggeeffame gabatee armaan gadii irraa ilaaluun ni danda'ama.

Uummata qabsaa'e	**Bara qabsoo**	**Hoogganaa Qabsoo**	**Koloneeffattoota**	**Xumura fincilaa**
Uummata Woloof	1885	-	Faransaay	Koloneeffatamaniiru
Tukolorii fi Maandiinkaa	1882	Ahmaaduu Seekuu fi Samoorii Turee	Faransaay	Koloneeffatamaniiru
Ashaantee.	1874	-	Ingilizii	Koloneeffatamteetti
Naayjeeriyaa	1892-1902	-	Ingilizii	Koloneeffatamteetti
Baasuutoo fi Zuuluu	1865 fi 1897(?)	-	Ingilizii	Koloneeffatamaniiru
Urabii Paashaa	1882	Uraabii Paashaa	Ingilizii	Koloneeffatamaniiru
Mahaadistoota	1881	Mohammad Ahimmad Ibn Abdallaa	Ingilizii	Koloneefatamaniiru
Majii Maajii	1905	-	Jarman	Koloneeffaatamaniiru

2.4. Faccee Ittisa Sirna Kolonummaa Afrikaanota isa Lamaaffaa (1919-1939)

Facceen kolonummaa kun kan kanaan dura geggeeffame irraa adda kan isa godhu:

- Magaaloota kan wiirteffate,
- Hayyoota kan of keessatti haammate ,fi
- Karaa nagaatiin kan gaggeeffame ture. Tooftaaleen qabsoo nagaa kun hiriira nagaa, peetishinii fi walga'ii turan.Qabsoo kana gurmeessuukeessatti qamoleen shoora olaanaa taphatan waldaalee ogummaa kan akka waldaa barsiisotaaa,ogeeyyii yaalaa fi dafqaan bultootaa turan.

2.5 Sochii Bilisummaa Biyyooleessaa Afrikaanotaaf Dhimmoota Haala Mijeessan

Sababoota bu'uuraa:

- Lammiileen Afrikaa hedduun Waraana Adunyaa 2^{ffaa} keessatti hirmaachuu;
- laalchi sabboonummaafi sochiin Paan-Afrikaaniziimii cimaa dhufuu;
- Hundeeffamuu Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii(UNO)
- Waraana Addunyaa 2^{ffaa} booda biyyoonni Awurooppaa Afrikaa keessaa kolonii qaban ilaalcha isaani jijjiirrachuu eegaluun warreen ijoodha

Afrikaa fi Waraana Addunyaa Lamaan

2.6.1. Afrikaa fi Waraana Addunyaa Tokkoffaa

Dhiibbaa waraanni Addunyaa Tokkoffaa Afrikaa irraan ga'e

-**Humna waraanaa kolonii isaanii keessaa gara dirree waraanatti erguu**. Fkn Ingiliziin Kolonii ishee Seera Liyoon, Gold kostii fi Naayijeriyaa keessaa loltoota 50,000 ta'an gara Baha Afrikaatti geessiteetti. Akkasumas Faransayi loltoota lakkoofsi 150,000 ta'a Dhiha Afrikaa filuun gara Awurooppaatti geessiteetti. Humna kana keessaa 30,000 kan ta'an dirree waraana dhiiha Awurooppatti du'aniiru.

- Dhiibbaa mirgaa irraan gaheera. Waraana Addunyaa tokkoffaa booda Liigiin biyyoota addunyaa (League fo Nations) hundeeffameera. Dhabbatni kun nagaa fi tasgabbii addunyaa eeguuf kan hundeeffame dha. Liigii kana keessatti Ingilizii fi Faransaayi bakka olaanaa qabu turan. Kanafiis kolonii Jarman kan turan irraa fuudhamaniiru. Isaanis akkaataa armaan gaditti qooddataniiru.

1) **Togoo fi Kameruun-Ingilizii fi Faransayitti kennaman**
2) **Riwaandaa fi Burundiin-Beejiyeemiif**
3) **Tangaanikaan-Ingilizitti kennamte**
4) **Kibbi Dhiha Afrikaa (Namibiyaan) Kibbaa Afrikaaf kennamte**.

2.6.2. Afrikaa fi Waraana Addunyaa lammaffaa

Yeroo waraanni kun gaggeeffamaa tureetti Afrikaanootni humna namaa fi meeshaalee dheedhii kolonneeffatoota isaaniif ta'uun deeggarsa kenna turaniiru.
Bara 1941-42, Jappan wayita Kibba Baha Eeshiyaa to'attu, Afrikaan humnoota walta'aniif madda meeshaalee dheedhii taate ture.

Kolonii Ingilizii Baha giddugleessaa fi Kibba Afrikaa ammoo midhaan nyaata humna waaraanf akka oomishan taasifameera.

Kanamalees Koloneeffatoonni oomishini gurguraa akka oomishamu fi gatii xiqqaan akka gurguramu dhiibbaa godhaniiru.

2.7. Bilisummaa Argachuu Biyyoota Afrikaa

- ☞ Barri 1960 mootaa yeroo itti sochiin bilisummaa Afrikaa itti cimaa dhufee dha.
- ☞ Biyyoonni Afrikaa 17 ta'an bara 1960 qofati bilisummaa isaanii argataniiru.
- ☞ Kanafiis barri 1960 **bara Afrikaanoota** jedhamuun beekama.

❖ **Biyyoota Afriikaa Bilisummaa Argatan**

1) **Gaanaa-** Bara 1957 bilisummaa argatte
   - Kolonii Ingilizii Turte,
   - Maqaan kolonii goold koost jedhama
   - Hooganaan qabsoo **Dr. Kiwaamee Nkruumaa** jedhama
2) **Naayijeeriyaa:** Bara 1960 bilisummaa argatte
   Kolonii Ingilizii turte
   Hoogganaan qabsoo bilisummaa **Naamdi Aziikwee** jedhama.
3) **Taangaanikaa:** Kolonii Ingilizii kan tutre Zaanzibaar bara 1963 olaantummaa Araboota jala baahuun Tangaanikaatti makamuun lama isaaniis walitti dhufuun maqaa haaraa **Taanzaaniya**a jedhamuun waamamu jalqaban. Doktor **Juuliyees Nereereen** hogganamu qabsoo gaggeessuun bilisummaa biyyaatiif gahee olaanaa taphateera.
4) **Yugaandaa:** Koongrasii Uummata Yugaandaa bara 1961 dhaabbaten bilisummaa argatte. Hudeessaan dhaabbtichas **Doctor Miiilteen Obotee** jedhama. Kolonii Ingilizii jalaa bara 1962 bilisoomte.

5) **Keeniyaa:** Dhaabbatni siyaasaa **"Gamtaa biyyoolessaa Afrikaa Keeniyaa" Jomoo Keeniyaataa** nama jedhamuun kan hundaa'e bara **1963** ti olaantummaa Ingiliiz jala baasuu kan danda'e dha.
6) **Roodeeshiyaa fi Niyaasaalaandii (Malawii):** Imammaatni bulchiinsa Ingiliiz naannoo kanatti gargaaramtees haala feedereshiiniin waliitti makuun bulcha turte. Adeemsa kana keessattis Roodeshiyaa bakka lamatti qooduun.
    1. Roodeeshiyaa Kibbaa (Zimbaabwee)
    2. Roodeshiyaa Kabaa (Zaambiyaa).

Bara 1963 Roodeshiyaa Kaabaa erga bilisummaa argatteen booda Roodeshiyaan Kibbaa qabsoo ulfata dhaabbni siyaasaa " **Zimbabwe peoples union"** fi "**Zimbabwe African National Union**" jedhaman kan **Jooshuwaa Nikoomoo fi Robeert Mugaabeen** hogganaman wal-jala boodan qabsoo erga gaggeessan booda bara 1980 bilisummaa argachuu danddeesse ti. Dhaabbileen lama kunis bara 1987 walitti makamuun Pireezedantii jalqaba Robeert Mugaabee taasisuun aangoo siyaasaa qabateera.

7) **Qabsoo Bilisummaa Gibxii:** Bara 1882 irraa jalqabde kolonii Ingliiz kan turte dha.. Dhaabbatni siyaasaa "**Wafd**" jedhamuu hundaa'uun bara 1919 irraa kaasee qabsoo gaggeessaa tureera. Ingiliiz bara 1922 ti Gibxiif bilisummaa gar-tokkee kenniteef. Sababan isaas looltuun Ingliiz guutumaan guutuutti biyya Gibxii keessaa hin bane ture. Qabsoo dheeraa booda bara 1956 ti bilisummaa argachuu dandeesse ti
8) **Bilisummaa Sudaan:** Ingiiz Sudaaniin bakka lammatti qooduun bulcha turte. Sudaaniis bara 1956 bilisummaa ishi kan argatte yommuu taatu **Ismaa'eel Al-Azaaharii** mummicha ministeera ta'uun filatameera.

Bilisummaa Argachuu Biyyoota Kolonii Faraansaay.

1) **Bilisummaa argachuu Morookoo:** Kolonii Faaansaay turte. Sulxaan Mohammad V dhaabbata siyaasaa " Moroco Natioanal Front" jedhamu bara 1950 irraa kaasee hogganaa kan ture dha. Dhuma irrattis Morookoon bara 1956 bilisummaa argatetti. Sulxaan Mohammad V mootii jalqaba ta'eera.
2) **Qabsoo Bilisummaa Tuniiziyaa :** Qabsoo uummata Tiniziiyaa dhaabbata siyaasaa **Niyoo Daasteer** jedhamuun kan gaggeeffame yommuu ta'u namtichaa Habiib Buurgibaa jedhamuun kan hogganamu dha. Bara 1956 ti bilisummaa isaani argataniru

3) **Qabsoo Bilisummaa Aljeeriyaa:**. Dhaabbatni siyaasaa "National liberation front" jedhamu waggoota heddutiif qabsoo gaggeessaa tureera. Bara **1962** bilisummaa ishi kan argattu yommuu ta'u **Ahmad Beenbeellaan** Pirezadantii jalqaba ta'uun aangoo siyaasaa qabataniiru.

Bilisummaa Argachuu Biyyoota Kolonii Xaaliyaanii.

1) **Qabsoo Bilisummaa Liibiyaa:** Dhaabbatni siyaasaa obboleyyaan Musiliima nama Muhaammad Idriis al-Saanuus jedhamuun hogganamu qabsoo gaggeessaa tureera**.** Namni kunis erga taayita siyaasa qabatee booda fonqolcha mootummaa gaggeeffameen koloneel Mu'aammad al-Gaadaaf bakka bu'eera.
2) **Qabsoo Bilisummaa Eertiraa:** Bara 1890-1941 ti kolonii Xaaliyaanii turte. Kana boodas bara 1941 Ingliiziin qabatamte. Dhaabbileen siyaasaa adda addaa bilisummaa Eertiraatiif qabsoo gaggeessaa turaniiru.

Bilisummaa argachuu kolonii Poorchugaal

1) **Bilisummaa Moozaambikii:** Dhaabbatni siyaasaa **FRELIM** (Freate de libertacao de Mozambique) jedhamu bilisummaa biyyaatiif qabsoo gaggeessaa tureera. Dhaabbatni kunis Taanzaniyaa keessati kan hundeeffame dha. Bara 1964 bilisummaa argatte.
2) **Bilisummaa Keeppi Vardii.:** Dhaabbni siyaasaa "**Partido Africano da Independencial Guinii Verde**" jedhamu namticha **Amiilkaar Kaabraa** jedhamuun kan hundaa'e qabsoo gaggeessa turera. Adeemsa dheeraa boodas bara 1974 ti bilisummaa argatetti.

Leenjifamtootaa: Boqonnaa kana keessatti

- *Hiikkaa fi sochii paan Afriikaanizimii*
- *Gotota bebbeekamoo paan Afriikaanizimii keessatti qooda fudhatan*
- *Yaa'iwwan gurguddoo paan Afriikaanizimii*
- *Faccee Ittisa Sirna Kolonummaa Afrikaanota marsaa sadanii*
- *Bilisummaa Argachuu biyyoota Afriikaa fi kkf akka hubattan nan abdaha*

BOQONNAA SADII

Seenaa Afriikaa Bara Bilisumaa Booda

Leenjifamtoonni erga boqonnaa kana xumuranii booda:-

- Hiika fi dhiibbaa Niyoo-koloniyaaliziimiin Afrikaa irraan geessise addaa baafatu;
- Dhaabbilee Lixa,Baha, Kibbaa fi giddu-galeessaa fi kaaba Afrikaatti hundaa'an addaan ni baafatau;
- Kaayyoo dhaabbilee **ECOWAS, IGAD fi SADC** ni tarreessu;
- Dhiibbaa Waraanni Ololaa Afrikaa irraan geessise ni beekuu;
- Hanqinaa fi cimina dhaabbata tokkummaa Afrikaa ni himu;
- BilisummaaAfrikaa booda rakkoolee gama dinagde, siyaasa fi hawaasummaa Afrikaanota mudatan ni tareessu.

3.1. Niyoo- Koloniyaalizimii: Niyoo-koloniyaalizimiin sirna walitti dhufeenya biyyoota guddachaa jiranii fi impeeriyaalistootaa ta'ee, kan hundaa'e imaammata impeeriyaalistootaa, samicha biyyoota reefu bilisummaa argatan irratti kan bu'ureefateedha.

3.2. Dhaabbilee adda addaa Sadarkaa Naannoo fi Ardii Afrikaatti

3.2.1. Hundeeffama Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa

Dhaabbatni tokkummaa Afrikaa bilisummaa biyyoota Afrikaa booda bara 1963tti, bakka bu'oonni mootummoota Afrikaa 32n, magaalaa **Finfinneetti** hundeeffame.

Kaayyoolee Dh.T. Afriikaa

- Bilisummaa, Walqixxummaa fi Mirgoota uummataa Afrikaaf qabsaa'uu**;**
- Mirgootni naamummaa Afrikaa keessatti akka kabajamu gochuu;
- Daangaa biyyoota Afrikaa kabachiisuu;
- Sirna kolonii Afrikaa keessa balleessuu dha.

❖ **Caasaalee Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa**

- Yaa'ii Waliigalaa(General Assembly
- Mana Marii Ministeerotaa (council of ForeignMinisters
- Koree Hojii Raawwachiiftuu (secretariat)
- Komiishina Araaraa fi Komiishinoota kan biroo

3.2.2 Hundeeffama Dhaabbilee Sadarkaa Naannootti

- Lixa Afrikaa fi Dhaabbata Naannoo Sanaa→ waldaa dinagdee mootummoota Afrikaa Lixaa
- Dhaabbilee Naannoo Baha Afrikaa → IGAD **jedhamee** waama
- Dhaabbilee Naannoo Giddu-galeessa Afrikaa →Southern African Development Community (SADC)
- Kaaba Afrikaa fi Dhaabbata Naannoo Sanaa→Liigii Arabootaa jedhamee beekama

3.2.3 Jeequmsa Koongoo (The Congo Crisis)

- Yeroo ammaa kana Dimookiraatikii Ripublikii Koongoo (DRC) jedhamuun kan beekamtu yennaa ta'u dur maqaa adda addaa kan akka " **koongoo Firii Isteet, , Beeljiyaan Koongoo , Koongoo Leeppooldivilee , Koongoo kinshaasaa fi Zaayer jedhamaniin** beekamaa turte.
- Bara 1960tti kolonummaa mootummaa Beeljiyeem jalaa herga bilisoomtee booda rakkoo walitti bu'iinsa lubbuu namaa fi qabeenya heddu galaafate keessa turte.
- Yeroo Mobuutuu Sesee Sekkoo kanaa kaasee Koongoon sababa dhabamuu bulchiinsa gaarii, kiraasassaabdummaa bulchitoota mootummaa, laafinsa dhaabbilee mootummaa fi kkf biyyattii keessatti lolli walitti fufiinsaan cimee mulachuu danda'eera. Lolli Koongoo kunis inni **marsaa duraa bara 1996** kan jalqabe yennaa ta'u, **marsaa lammaffaa** bara **1998** eegale. Waliigalteewwan gurguddoo lamaan Koongoo keessaa waraana dhaabuuf godhaman.
    a. **Waliigaltee Lusaakaa 1999**
    b. **Waliigaltee "Sun City" 2002-3**

3.3. Sirna Appaartaayidii Afrikaa Kibbaa Keessatti

Xumura boqonnaa kanaatti leenjifamtoonni:

- ✓ Maalummaa falaasama Appaartaayidii sirriitti ni himu;
- ✓ Amala bulchiinsa Appaartaayidii ni ibsu;
- ✓ Kaayyoowwan bulchiinsa Appaartaayidii adda baasanii ni himu;
- ✓ Adeemsa qabsoo farra Appaartaayidii Afrikaa Kibbaa keessatti godhamaa ture ni ibsu;
- ✓ Sababoota kufaatii sirna Appaartaayidii Afrikaa Kibbaa ni tarreessu;

Hiika Appaartaayidii

- Akka waliigalaatti beektonni jecha "Appaartaayid" jedhu "garaagartummaa(Qoqqooddii) sanyii halluu bu'uureffate" yookiin "segregation on grounds of race," jechuun ibsu.

- Afriikaa Kibbaa keessatti bara 1948, wayita Paartiin Biyyoolessaa (National Party) filatamee aangoo siyaasa qabate hojiirra ooluu jalqabe.
- Afrikaan Kibbaa dhiibbaa warra adii jala galuu kan jalqabde jaarraa 17ffaa keessa yeroo hawaasni adiin biyya Ingilizii fi Dachi irraa dhufanii naannicha qabatanitti ture. Ol'aantummaa ummatoota qubattoota adii Dach "Boers or Afrikaners" jedhamuun kan beekaman kolonii Dach haaraa Afrikaa Kibbaa keessatti mootummaa "Orange Free State" fi "Transvaal" hundeessuu danda'aniiru.
- Dhaabbanni "the Afrikaners' National Party" bara 1948tti istraateejii bulchiinsa haaraa **"Apartheid"** jedhu uumuun Adeemsa hawaas-dinagdee akkasumas siyaasa Afrikaa Kibbaa to'annoo isaa jala galfachuuf hojiirra oolchuu danda'eera. Mootummaan "National Party" bara 1948tti addaddummaa namaa halluubu'uureffate seeraan labsee hojiirra oolche.

Labsiiwwan yeroo sana bahan haal armaan gaditii ibsamu,

- Hariiroon gaa'elaa adii fi gurraacha gidduutti raawwachuu akka hin dandeenye;
- Ijoolleen Warra gurraacha Afrikaa mana barnoota Ijoolleen warra adii keessatti baratan seenuu akka hin dandeenye;
- Hoteelota warri adiin itti fayyadaman gurraachonni fayyadamuun dhorkaa akka ta'e;
- Daandiin warri adiin irra adeeman ummata gurraachaaf kan hin eyyamamne ta'uu;
- Carraa hojii bal'aan warra adii qofaaf kan murtaa'e ta'uu;
- Walumaagalatti gurraachonni safara warri adiin qabatanii jiraatan jiraachuu akka hin dandeenye fi kkf

Qabsoo Farra Appaartaayidii Uummata Afrikaa Kibbaa

Dhaabni gaaffii uummata gurraacha irratti hundaa'ee qabsoo farra- Appaartaayidii kan gaggeesse **Kongireesii Biyyoolessa Afrikaa (ANC)** isa bara **1912** ijaarame dha. Bara 1948tti ummanni gurraachaa **fincila turtii-mana keessaa** filannoo waliigala isa isaaniin mirga hirmaachuu dhorkaman mormuun qopheessani. Deebiin isaas Poolisotni adiin naannoo jireenya warra gurraachaa weeraranii, akkasumas gurraacha bakka arganitti qabuun reebbichaa akka irra geessisan taasifame. Namoota dhaaba Koongireesii Biyyoolessa Afrikaa hoogganan keessaa tokko kan ta'an **Niilsaan Mandeellaan** hidhaa umurii guutuun itti murtaa'ee bara 1964 mana adabaatti darbatamani.

Rakkoowwan yookiin Gufuuwwan Guddina Afrikaa

- ☞ Rakkoo Nageenyaa
- ☞ Rakkoo Bulchiinsa Gaarii
- ☞ Rakkoo Gogiinsaa (Hongee) Hanqina
- ☞ Bu'uuraalee Misoomaa
- ☞ Rakkoo Shororkeessummaa (Problem of Terrorism
- ☞ Dhiibbaa Siyaas-Dinagdee biyyoota guddatanii

Rakkooleen sababa walitti bu'iinsa Afriikaa tahanii itti fufiinsaan deemaa jiran harki caalmaan isaa bu'aa Koloniyaaliizimii (**Colonial Legacy)** akka ta'e beekamaadha.

3.4 Dhaabbani Tokkummaa Afrikaa Gara Gamataa Afrikaa (AU) tti Jijjiramu

Dhaabbata Tokkumaa Afriikaa gara gamtaa Afriikaatti jijjiiruuf koonfirraansiiwwan armaan gadii geggeefamanii jiru. Isaanis: **1ffaa)** Marii Loomee bara 2000 taa'ameen seerotni labsii gamtichaa akka qophaa'an ta'e.

2ffaa) walga'ii Lusaakaa bara 2001 godhameen sagantaan raawwii (gamtaa Afrikaa akka qophaa'u ta'e.

3ffaa.) Sadaffaan magaalaa Durban irratti bara 2002 kan gaggeeffame yennaa ta'u walga'ii isa xumuraa Gamtaa Afrikaa akka hundaa'e dhugoomse dha. Darbaan irratti yaa'ii tokkoffaa hooggantoota biyyoota fi mootummaan godhameen Caasaan Dh.T.Afrikaa murteessoo ta'an gara Gamtaa afrikaatti fooyya'uu danda'eera.

.Caasaan Gamtaa Afrikaa caasaa sadarkaa olaanaa ofjala tti koreewwan tekinikaa fi deggarsa kennan garagaraa ofkeessatti qabatee ijaarame. Caasaaleewwan kunniin baay'een isaanii bara 2002 irraa jalqabamanii kan qophaa'an yennaa ta'u kanneen kaan ammayyuu fooyya'aa jiru. Haaromsi Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa gara Gamtaa Afrikaatti godhame galma ga'iinsa **yaada Paan Afrikaanismii** keessatti bakka guddaa qaba.

Leenjifamtootaa: Boqonnaa sadaffaa kana keessaa:

- *Niyookoloniyaalizimii jechuun maal jechuu akka ta'e*
- *Hundeeffamuu DH.T.A. fi dhaabbilee sadarkaa naannootti hundeeffaman*
- *Jeequmsa Koongoo fi dhiibbaa isaa*
- *Sirna Appaartaayidii Afriikaa kibbaa keessatti godhamee fi fincila Appaartaayidii*
- *Gufuwwan guddina afriikaa*
- *Dh.T.A. gara Gamtaa Afriikaatti jijjiiramuu isaa gad fageenyaan akka hubattan ni abdadha.*

Kolleejii Barnoota Barsiisota Adoolaatti Istiriimii Saayinsii Hawaasaa Gaaffiilee shaakalaa Seenaa Afrikaa Bara Kolonummaafi kolonummaa Boodaa (HiEd-222) leenjifamtoota 10+3 dhaaf kan qophaa'e

I. Gaaffilee armaan gadii erga dubbistee booda qubee deebii sirrii qabatee jiru waraqaa deebii irratti barreessi.

1. Lammiin Poorchugaal bara 1488 tii Fiixee Afriikaa kabbaa Abuuree Argate Eenyu ture?
   A. Vaaskoo Daa Gaamaa B. Baartiloomiwee Diyaaz C. Jams Biruus D. Muungoo park

2. Kaayyoo ijoo waliinii Misiyoontaa fi Abuurtoota Awurooppaa jaarraa 19ffaa kan ta'e kamii?

   A. Saayinsii fi Teekinooljii C. Sirna kolonii Afriikaa keessatiif haala mijeessu

   B. Amantaa Baballisuu D. Beekamtii argachuuf

3. Biyyoota Afriikaa bara 1870 mootaa dura qabamanii turan keessaa kan sirriitti walitti hinfiroomne kami?

   A. Zaanzibaar --- Ispeen C. Faransaay --- Aljeeriyaa

   B. Poorchugaal---Angoolaa D. Ingilizii--- Faantee

4. Kaayyoo dhokataa Walga'ii Barliin (1884-1885) ilaalchisee kamtu **sirriidha** ?

   A. Sirna garbaa fi daldaal garbaa irratti tarkaanfii fudhachuu

   B. Lageen Afriikaa yabalaaf bilisa ta'uu

   C. Koongoon qabeenyaa dhuunfaa mootii Liyooppooldi II akka ta'u

   D. Afriikaa karaa nagaa qoqqooddachuu

5. Koloneeffatoota Awurooppaa wajjin walqabatee Yaad- hiddama Chaarlis Daarwin ilaalchisee kamtu **sirriidha**?

   A. Guddina saayinsii fi Teekinooloojii biyyoota guddatanii baballisuu

   B. Lageen Afriikaa bilisaan Yabaluu

   C. Sochii Misiyoonotaa cimsuu

   D. Sirna daldaala garbaa baballeessu

6. Biyyi Murtee walga'ii Barliin Booda akka qabeenya nama dhuunfaa Liyooppooldi II taa'e kami?

A. Angoolaa B. Koongoo C. Afriikaa Kibbaa D. Aljeeriyaa

7. Bara 1898 Samicha lafa Afriikaa geggeefamaa ture irratti biyyoonni Awurooppaa lamaan Faashoodaa irratti waraana walirratti banan eenyu fa'a turan?

A. Jarmanii fi Ingilizii C. Faransaayii Fi Ingilizii

B. Ingilizii fi Xaaliyaanii D. Faransaayii Fi Xaaliyaanii

8. Yeroo qircannaa Afriikaa gegeessaa turan biyyi Awrooppaa lafa baldhaa qabatte Faransaay yemmuu taatu kan baay'ee lafa xiqqaa taate qabatte eeny turte?

A. Ingilizii B. Xaaliyaanii C. Jarman D. Ispeen

9. Koloneeffattoota Awuroopaatiif akka jarri Afriikaa salphaatti qabatanuuf haallan haal mijeessan keessaa kamtu **sirriidha**?

A. Walitti bu'iinsa hooggantoota Afrikaa gidduu ture
B. Ol'aantummaa meeshaa waraanaa fi humna loltummaan argachuu Awurooppaanotaa
C. Awurooppaanonni teekinooloojii fi saayinsii haaraa kalaquun itti fayyadamuu
D. Hunduu deebiidha

10. Faccee Afriikanotni kolonummaa irratti geggeessaa turan keessaa kan sadarkaa jalqabaa kan faccee Afriikaanotaa isa sadrkaa lammaffaa irraa wanti adda isa godhu maali?

A. Magaalotaa fi baadiyyaa kan wirteeffatedha C. Karaa nagaan kan gegeeffamedha.

B. Haayyota kan ofkeessatti hin haammatneedha D. Deebiin hinkennamne.

11.Bilisummaa Gaanaatiif kan gahee olaanaa taphate Doktor Kuwaamee Nkruumaa yoo ta'u, bilisummaa Taangaanikaatiif gahee olaanaa kan taphate_____dha.

A. Juuliyes Neereere C. Ahmad Beenbellaa

B. Naamid Azkiwee D. Sulxaan Mohammed V

12. Dhaabbatni Siyaasaa Gibxii kolonummaa irratti qabsoo geggeessaa ture maal jedhamee beekama?

A. Wafd B. FRELIM C. Niyoo Daaster D. Kimbaanguu'iizim

13. Biyyoota kolonii Jarman turanii waraana addunyaa tokkofaa booda murtee liigii biyyoota addunyaatiin dabarfamanii Beeljiyemiif kannaman kam fa'i?

A. Ruwaandaa fi Burundii B. Toogoo fi Kaameruun C. Taangaanikaa D. Naamibiyaa

14. Mormii Afriikaanonnii koloneeffattoota Awurooppaa irratti geggeessaa turan sadan keessaa kan qabsoo biyyoolessaa bilisummaa Afriikaanotaa jedhamee beekamu isa kami?

A. Faccee Afriikaanotaa isa jalqabaa

B. Qabsoo waraanota addunyaa lamaan gidduutti geggeeffame

C. Qabsoo waraana Addunyaa lammaffaa booda geggeeffame

D. Qabsoo waraana addunyaa tokkofaan dura godhame

15. Imaammata siyaasaa koloneeffattoonni Awrooppaa Afriikaa irratti geggeessaa turan ilaalchise kamtu **sirrii miti**?

A. Imaammata siyaasaa Bulchiinsa al kallattii kan hordofaa turte Ingiliziidha
B. Imaammata siyaasaa Bulchiinsa al kallattii kan hordofaa turte Faransaayiidha
C. Imaammata siyaasaa Bulchiinsa al kallattii kan baase namicha F.Luugaardi jedhamu ture
D. Imaamatni siyaasaa kallattii fi al kallattii kun sirna bittaa karaa salphaa ta'e geggeessuuf kan tajaajilu ture

16. Paan Afriikaanizimii ilaalchisee kanneen armaan gadii keessaa kamtu sirriidha?

A. Sochii uummata gurraacha hundaa jechuudha C. Naannoo jaarraa 18ffaa eegale

B. Ardii Ameriikaa keessatti eegale D. Hunduu sirriitti paan Afriikaanizimii ni ibsu

17. Yaa'iin paan Afriikaanizimii inni 5ffaan bara kamii fi magaalaa kamitti geggeeffame ?

A. Bara 1945 magaalaa Maanchester C. Bara 1923 magaalaa Londoon

B. Bara 1927 magaalaa Niwuu Yoork D. Bara 1921 magaalaa Biraasel

18. Haalaawwan gurguddoo guddina sabboonummaa Afriikaanotaatiif gumaacha godhan keessaa kamtu isa bu'uuraati?

A. Meeshaa waraanaa gahaa qabaachuu C. Sochii paan Afriikaanizimii

B. Baballachuu sirna Kaappitaaliizimii D. Sochii sirna sooshaalizimii

19. Fincila Afriikaanotaa isa sadarkaa jalqabaa keessatti, kan uummatni Tookolorii fi Maandiinkaa bara 1882 Faransaay irratti godhan qabsaa'ootnni adda durummaadhaan qabsoo bgeggeessaa turan eenyu fa'i?

A. Ahiimad Seekuu fi Saammoorii Ture C. Dr. Wiiliyaam Duubooyisii fi Sammorii

B. Maaarkas Gaarvee fi H.Silvester Wiiliyaam D. Uraabii Paashaa fi Ahiimad Seekuu

20. Sochii bilisummaa Afriikaanotaatiif dhimmoota haala mijeessan ilaalchisee **kamtu sirriidha?**

A. Lammileen Afriikaanotaa hedduun waraana Addunyaa lammaffaa keessatti hirmaachuu

B. Hundeeffamuu dhaabbata mootummoota gamtoomanii

C. Ilaalchi sabboonummaa fi sochiin paan Afriikaanizimii cimuu D. Hunda

21. Waraana addunyaa Tokkoffaa booda biyyota Afriikaa kolonii Jarman turanii Koloneeffattoota Awurooppaa Kan birootiif kennaman keessaa qoqoodinsa yeroo sanaa ilaalchisee kanneen armaan gadii keessaa kamtu sirriitti ibsame?

A. Togoo fi Kameruun Ingiliziif qophaatti kennaman

B. Riwaandaa fi Burundiin Beejiyeemiifi Faransaayiif kennaman

C. Tangaanikaan Ingilizii Fi Faransaayiif kennamte

C. Namibiyaan Kibbaa Afrikaaf kennamte

22. Dhiibbaa Waraanni Addunyaa lammaffaa Afriikaanota irraan gahaa ture ilaalchisee isa kamtu **sirriidha**?

A. Omishinii Afriikaanotaa gatii gad aanaadhaan akka gurguramu gochuu

B. Midhaan nyaataa humna waraanaatii akka oomishan gochuu

C. Madda meeshaa dheedhii Awurooppaanotaa taatee akka tajaajiltu gochuu

D. Hundinuu dhiibbaa waraanni Addunyaa lammaffaa geggeessaa turedha

23. Barrii 1960 maaliif "***Bara Afriikaanotaa***" jedhamee waamamaa?

A. Yeroo biyyootni Afriikaanotaa hundi bilisummaa itti gonfatan waan turan waan ta'eef

B. Bara biyyootn Afriikaa 17 ta'an bilisummaa itti argatan waan ta'eef

C. Bara Afriikaanotnni dinagdeedhaan of danda'an waaan ta'eef

D. Bara Gamtaan Afriikaa itti hundeeffame waan ta'eef

24. Biyyoota Afriikaa armaan gadii keessaa kan bilisummaa ishee dursa argate kami?

A. Naayjeeriyaa B. Gaanaa C. Keeniyaa D. Maalaawwii

25. Biyyoota gaaffii 24 jalatti tarreefaman ilaalchisee kan hooganaa qabsoo isaanii wajjin sirriitti ***hinfiroomne*** kami?

A. Naayjeeriyaa↔ Naamid Azkiwee

B. Yugaandaa ↔ Roobert Mugaabee

C. Gaanaa ↔Dr. Kiwaamee Nkiruumaa

D. Keeniyaav↔Joomoo Keeniyaattaa

26. Kaanneen armaan gadii keessaa tokko kolonii Faransaay ***hinturre***.

A. Morookoo B. Tuuniiziyaa C. Liibiyaa D. Aljeeriyaa

27. Niyookoloniyaalizimii ilaalchisee filannoowwan armaan gadii keessaa kamtu ***doggora***?

A. Walitti dhufeenya biyyoota dinagdeen guddataniiti

B. Imaammata Impeeriyaalistootaa kuffisuuf kan qindaa'edha

C. Imaammata biyyoota dinagdeen guddataa jiranii deggerudha

D. Filannoowwan dhiyaatan hundinuu digoggoradha

28. Dhaabbatni Tokkuummaa Afriikaa yoomii fi eessatti hundaa'e?

A. 1963, Finfinneetti C. 2002, Durbaanitti

B. 1963, Liibiyaatti D. 2002, sirxiitti

29. Caasaalee Dhaabbata Tokkummaa Afriikaa kan hintaane kami?

A. Yaa'ii Waliigalaa C. Mana marii ministeerotaa

B. Mana mare Nageenyaa D. Koree hoji raawwachiiftuu

30. Waltajjiin seena qabeessi kan Dh.T.A. gara Gamtaa Afriikaatti akka jijjiiramu taasise kami?

A. Marii Loomee B. Marii Lusaakaa C. Walga'ii Durbaan D. labsii Sirxii

31. Bilisummaa Afriikaanotaa booda dhaabbilee sadrkaa naannootti hundeeffaman keessaa dhaabbatni IGAD jedhamuu kan naannoo kamiiti?

A. Lixa Afriikaa fi Naannoo Sanaa C. Naannoo giddu galeessa Afriikaa

B. Naannoo kaaba Afriikaa D. Dhaabbata naannoo Baha Afriikaa

32. Walitti bu'iinsa Afriikaa keessatti ta'ee fi kan waraanota gurguddoo addunyaa irratti geggeeffaman wajjin walfakkeeffamu isa kami?

A. Jeequmsa Koongoo C. Walitti bu'iinsa Faashoodaa

B. Walitti bu;iinsa Agaadir D. Waldiddaa Angoolaa

33. Labsiiwwan yeroo Sirna Appaartaayidii bahan ilaalchisee kan keessaa mirga Afriikaanotaa miidhu isa kam ture?

A. Hariiroo gaa'elaa warra adii fi gurraacha gidduutti raawwachuu

B. Hoteela warra adiitti gurraachonni fayyadamuu akka danda'an

C. Daandii warri adiin irra deeman gurraachotaaf dhorkaa ta'uu

D. Warri adiifi gurraachi hoteela tokotti fayyadamuu

34. Dhaabbatni gaaffii uummata gurraachaa irratti hundaa'e qabsoo farra Appaartaayidii geggeessaa ture maal jedhamee beekama?

A. Koongireesii biyyoolessaa Itoophiyaa C. Koongirasii biyyoolessaa Afriikaa Kibbaa

B. Koongiresii biyyoolessa Appaartaayid D. Kongiresii biyyoolessaa Afriikaa

35. Namoota dhaaba koongiresii Biyyoolessa Afriikaa geggeessaa turanii fi murtee hihaa umurii guutuu Kan itti murtaa'e eenyu ture?

A. Neelsen Maandeellaa C. Kiwaamee Nkruumaa
B. Paatriik Lumumbaa D. ANC

36. Walakkeessa jaarraa 19^{ffaa}tti biyyonni dagaaginaa warshaaleetiin Ingiliziin morkatan

A. Ispeen fi Faransaay C. Xaaliyaan fi Jarman

B. Jarmani fi Faransaay D. Poorchugaal fi Jarman

37. Dhaabbatni Tokkummaa Afriikaa kan inni gara Gamtaa Afriikaatti itti jijjiirame

A. Bara 2000 B. Bara 2001 C. Bara 2002 D. Bara 2003

38. Biyyi imaammata Faransaayii fi Ingilizii walitti makuun kolonii ishii bulchaa turte

A. Poorchugaal B. Jaarman C. Xaaliyaanii D. Beeljiyeem

39. Koloneeffattoonni Awrooppaa waraana addunyaa Tokkoffaa booda kolonii isaanii gad- dhisaan lamaan eenyu fa'i?

A. Xaaliyaanii fi Jarman C. Ingiliziif Xaaliyaanii

B. Ingilizii fi Faransaay D. Poorchugaalii fi Ispeen

40. Kanneen armaan gadii keessaa kana amala bulchiinsa **al- kallattii** koloneeffattoota Awurooppaa **kan hintaane**

A. Hoggantoota Afrikaa fayyadama

B. Kaayyoon isaa gara fuula-duraatti hogganaa cimaa horachuudha

C. Ofiin of bulchuu hin daangeessu

D. Dhaabbileen bulchiinsaa akka Awurooppaanotatti bu'uurreffamu

41. Afriikaa wajjin walqabatee ilaalcha Awurooppaannonni qaban kan ibsuu danda'u

A. Afrikaan qarooma, barnootaa fi amantaa akka hin qabnetti

B. Ardii boodatti haftuu fi dukkanooftuu

C. Bodatti hafummaa keessaa karaa Awurooppaanotaa bahuu akka dandeessu

D. Hunduu deebiidha

42. Kaayyoo ijoon koloneeffattoonni Awurooppaa Afrikaa keessatti manneen barnootaa hundeessaniif

A. uummata Afrikaaf dhimmamaniitu

B. Ummata addunyaa barnootaan walqixxeessuuf

C. Humna nama baratee industirii keessatti itti fayyadamuuf

D. Ogeeyyii imaammata kolonii galmaan gahuu danda'an leenjifachuuf

43. Koloneeffatootni Awurooppaa bu'uuraalee misoomaa kaneen ta'an keessaa hundaa ol kan isaan irratti xiyyeffachuun ijaaraa turan kannen armaan gadii keessaa kami?

A. Daandii B. Manneen barnootaa C. Buufataalee fayyaa D.Humna ibsaa

44. Dhibbaa Bulchiinsni Kolonii Karaa Dinagdee geessisaa ture ilaalchisee kamtu **dogoggora**?

A. Gatiin gurgurta omishaa Afriikaanotaan murtaa'a

B. Midhaan gosa tokkee akka oomishan eyyamama

C. Gatiin gurgurta omishaa koloneeffattootaan murteeffama

D. Gatiin oomisha warshaalee Awurooppaa ol ka'aa

45. Yaa'ii Paan-Afrikaanizimii keessaa yeroo jalqabaatiif dhalooteen Afriikaanotaa irratti hirmaatan isa kami?

A. Yaa'ii 2ffaa Paan- Afrikaanizimii bara 1921 Loondoon fi Biraaseels

B.Yaa'ii 3ffaa Paan- Afrikaanizimii bara 1923 Loondoon fi Liisboon

C. Yaa'ii 4ffaa Paan- Afrikaanizimii bara 1927 Niiwu Yoorki

D. Yaa'ii 5ffaaa Paan- Afrikaanizimii bara 1945 Maancheestar

46. Kannen armaan gadii keessaa kan kolonii Faransaay hintaane kami?

A. Senegaal B. Giinii C. Ayivoriikosti D. Gaanaa

47. Waliigalteen bara 1884 Itoophiyaa fi Ingilizii gidduutti mallatteeffame fi mahadisoota Sudaanii fi Itiyoophiyaa giddutti diinummaa uume maal jedhamee waamama?

A. Adowaa ykn Hiwoot
B. Waliigaltee Wucaalee
C. Waliigaltee staaliigraand
D. Waliigaltee lichee

48. Qaamni olaanaan Dhaabbata Tokkummaa Afriikaa

A.Yaa'ii Waliigalaa jedhama
B. Mana mare Ministeerotaa jedhama
C. Koomishiinii Araaraa jedhama
D. Koree hoji raawwachiiftuu jedhama

49. Waraanni sababa garaagarummaa siyaasaa fi diinagdee Ameerkaafi Sooviyeet Yuniyeen gidduutti godhame

A. waraana Ololaa (1946-1991)
B. Waraana addunyaa tokkoffaa (1914-1918)
C.Waraanaa addunyaa lammaffaa (1939-1945)
D. Waraana puunik

50. Waliigalteewwan Koongoo keessaa waraana dhaabuuf mallatteeffaman lamaan maal jedhamanii beekamu?

A Waliigaltee Lusaakaa fi Istaaligraand
B. Lusaakaa fi "Sun city
C. Waliigaltee Berliinii fi Lusaakaa
D. Waliigaltee Roomaa fi Lusaakaa

Deebii Gaaffilee shaakalaa HiED 222

Lakk.	Deebii
1.	B
2.	C
3	A
4	D
5	A
6	B
7	C
8	D
9	D
10	C
11	A
12	A
13	A
14	C
15	B
16	D
17	A
18	C
19	A
20	D

Lakk.	Deebii
21	D
22	D
23	B
24	B
25	B
26	C
27	D
28	A
29	B
30	C
31	D
32	A
33	C
34	D
35	A
36	B
37	B
38	A
39	A
40	C

Lakk.	Deebii
41	D
42	D
43	A
44	A
45	D
46	D
47	A
48	A
49	A
50	B